# Ergaa Pheexroos Erge
# Ta qaraa
## Seensa

Ergaan Pheexroosii ta qaraa Kiristaanota ergaa tana keessatti, «Kolbaa Waaqaaf fowante» jedhamanu, ka biyya Asiyaa diqqittii gara kaabaa keessatti bittinnowaneef barreeffante. Yaadi guddaan ergaa tanaa, worra isii dubbifatu ka sababa dhugeeffanna'aatiif miidha'aa fi rakkoon irra geette jajjabeessiisa. Barreessaan Oduu Gammadaa ta Yesuus Kiristoosii, ta du'a isaa, du'aa ka'a isaatii fi waadaa deebi'ee dhufiisa isaa hintu akka qaabatanu godhiisaan isaan jajjabeessa. Inni akka isaan fakkeenna jireenna Yesuus Kiristoosii ilaaliisaan, rakkoo ossataan fudhatanu yaadachiisa; kanumatti aansee, rakkinni qulqullinna dhugeeffannaa isaanii akka haga ilaaluu fi «Guyyaa Yesuus Kiristoos mudhatu» gatii isaaniif malte akka fudhatanu hubachiisa.

Barreessaan rakkinna keessatti isaan jajjabeessiisa biratti, worri Kiristoos hordofu akka le'uu maletti akka le'anu worra dubbifatu yaadachiisa.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa*1:1-2*

Yaadannoo fayyisiisa Waaqaa*1:3-12*

Woyyumma'aan le'iisaaf gorsa kenname*1:13—2:10*

Yennaa rakko'oo waan Kiristaana irraa eeggatamu*2:11—4:19*

Ifi gad qabiisaa fi tajaajila Kiristaanaa*5:1-11*

## Yaada buufataa*5:1-11*

1 Ana Pheexroosii ergamaa Yesuus Kiristoosii
irraa:
Worra Waaqaa fowantane ka biyya
jirtanuu baatanee kutaa biyya Phonxoosiititti,
Galaatiya'aatitti, Qaphadooqiya'aatitti,
Asiya'aatii fi Bitaaniya'aatitti bittinnoottanee
jirtanu,
2 ka akkuma Waaqi Abbaan duraanuu ka-
roorfatetti filantanee, Yesuus Kiristoosiif ajajami-
isaa fi dhiiga isaatiin qulqulloomiisaaf Ayyaana
Woyyichaan woyyoontaneef:
Badhaadhii fi nageenni isiniif fakkanu.

### *Addii Jiraattuu*

3 Waaqa Abbaa Goottaa keenna Yesuus Kiris-
toosiitiif galanni te'u! Inni marartii ifii guddo'oon
du'a keessaa ka'iisa Yesuus Kiristoosiitiin addii
jiraattuu tanatti akka jiraannuuf haareya godhee
nu uumateera.
4 Akkasuma inni karra guddoo hin banne,
yookiin hin aloonne, yookiin hin dulloonne Ol-
gubba'atti isiniif qopheesseera.
5 Kun isin worra karaa dhugeeffannaa fayyinna
bara muumme'eetitti mudhatuuf qophowee
jiruuf, hunna Waaqaatiin eegantanee jirtanuuf
te'a.
6 Amma yennaa gabaaddu'uuf haga ilaallatama
gara garaatiin gadditanulle, marroo waan kanaa
guddoo gammada'a.
7 Worqiin badduuyyuu, ibiddaan haga
ilaallatanti; dhugeeffannaan teessan ammoo
ta worqii caalaa gatii guddo'oo, ta dhuga'aa

te'uu isi'ii mirkaneessiisaaf ilaallachaan tun isin dhaqqaddi. Achiin duuba guyyaa Yesuus Kiristoos deebi'ee mudhatu galata, ulfinnaa fi leelloo dhaggattan.

8 Isin isa dhagguu dhaddanulle isa hin jaalattan;
isin amma isa dhagguu dhaddanulle, isatti dhuge-effattanee gammada gudda'aa fi ulfinna hagana jedhamee hin himanneen gammaddan.
9 Sababille fayyinna lubbuu teessanii, ka dhuge-
effanna'aan eeggattanu fudhattan.
10 Raagoti badhaadha Waaqi isiniif kennu kana
raagane, fayyinna kana akka maltetti qoranna'aa fi qu'annaa godhaneeran.
11 Ayyaanni Kiristoosii ka isaan keessa jiru,
rakkoo Kiristoos dhaqqadduu fi saniin duubatti ulfinna inni dhaggatu dursee waan isaanitti beessiseeruuf, yennaan tun yoomii fi attam akka muummottu qorqoraa turane.
12 Raagoti tun isiniif malee, mataa ifiitiif
akka hin tajaajilin Waaqi isaanitti mudhiseera. Kun hunna Ayyaana Woyyicha Ol-gubbaa irraa ergameen karaa worra Oduu Gammadaa lallabuutiin isinitti himame. Waan kana ergantooti Waaqaatuu hubatiisaaf halchaneeran.

### *Woyyumma'aan Le'uu*

13 Tanaaf, waan gootanuuf qalbii teessan
qopheessa'a; worra ifi qabatu te'a'a; addii teessan guutuma guutu'utti badhaadha yennaa Yesuus Kiristoos mudhatu isiniif kennamutti godhadha'a.
14 Akka ijoollee ajajantuu te'aa malee, halchaa
badduu durii ta adoo hin beekin leetanu hin hord-ofina'a.

15 Ammoo Waaqi isin waame woyyuu akkuma
te'e, isinille waan gootanu duudi'iin woyyuu
te'a'a.
16 Barreeffam Woyyichi, «Ani woyyuu waan
te'eef isinille woyyuu te'a'a» jedha.
17 Waaqa nama adoo wol hin caalchisin, nama
maraafuu akka hujii isaatitti muru «Abbaa» jetta-
nee ka waantanu yoo teetane, biyya lafaa ta akka
keessumma'aa irra jirtanu tanatti isa sodaataa
le'a'a.
18 Jireenna abbootii teessan irraa isinitti tare,
ka woy hin baane, waan badu ka akka meeti'iin*
yookiin worqi'iitiin akka hin wodamin, isinuu hin
beettan.
19 Isin dhiiga Kiristoosii, ka gatii guddo'oo, ka
akka dhiiga korbeessa komi'ii fi dhidhuu hin qan-
neetiin wodantaneertan.
20 Inni biyyi lafaa tun adoo hin dadamin du-
raanuu Waaqaan fowamee, bara muumme'eetitti
isiniif jedhee mudhifame.
21 Isin karaa isaatiin, Waaqa isa du'a keessaa
kaasee ulfinna isaa kenne dhugeeffattane;
maarre tanaaf dhugeeffanna'aa fi addiin teessan
Waaqatti godhattane.
22 Isin dhuga'aaf ajajamiisaan ifi qulqulleessita-
nee, worra dhibiille jaalala dhuga'aatiin jaalatta-
neertan; maarre gadhaa tokkochaan guddisa'aa
wol jaaladha'a.
23 Isin karaa jecha Waaqaa jiraata'aa fi bara
baraan jiraatuutiin, sanyii baddu adoo hin te'in
sanyii hin banne irraa lammoo dhalattaneertan.
24 Sababille Barreeffam Woyyichi

* **1:18** *Meeti'iin:* Birrii sibiilaatiin

«Nami foon uffate duudiin akka marraa ti;
ulfinni isaalle akka daraaraa badda'aa ti;
marri hin qoora; daraaraalle hin harca'a.
25 Jechi Waaqaa ammoo haga bara baraa le'a.
Jechi Oduu Gammadaa ka isiniif lallabamelle
kana» hin jedha.

# 2

*Dhakaa Jiraata'aa Fi Kolbaa Woyyittii*

1 Yoona hammeenna duudii, maltummaa duudii, kijibummaa, hinaaffa'aa fi hamii duudii irraa ifi fageessa'a.

2 Akkuma daa'immaan reef dhalatte aanan barbaaddu, isinille gara fayyinnaa akka ittiin guddattanu aanan Ayyaanticha hin caamolamin* dharra'a'a.

3 Isin akka Goottaan arjaa te'e waan beettaneertanuuf tana hin gootan.

4 Maarre gara dhakaa jiraata'aa, gara Goottaa Yesuusii dhikaadha'a; Inni dhakaa namaan tuffatamee Waaqaan filatamee gatii guddoo qabu.

5 Isin hayyoota woyyuu te'uuf, ciincaa ayyaanaa ka karaa Yesuus Kiristoosiitiin Waaqa duratti fudhatama qabu dhikeessiisaaf, akka dhakaa jiraata'aa ijaarsa galma ayyaanaatiif te'a'a.

6 Barreeffam Woyyichi,
«Kunoo, dhakaa roga ijaarsaa ka filatamee fi ka gatii guddo'oo
qachaa Xiyoonii keessatti hin dhaaba;
nami isatti dhugeeffattu tokkolle hin qaanowu» jedha.

---

* **2:2** *Aanan Ayyaantichi hin caamolamin:* Barumsa Ayyaanticha qullicha

7 Isin worra dhugeeffattanuuf dhakaan kun dhakaa gatii guddo'ooti; worra hin dhugeeffanneef ammoo,
«Dhakaan worri mana ijaaru tuffate,
dhakaa dhakaa maraa caalaa barbaadamu te'e» jedha.
8 Akkasuma Barreeffami Woyyichi dhibiin,
«Dhakaan nama gufachiisu,
rassaa nama jissu hin te'a» jedha.
Isaan Jecha Waaqaatiif waan ajajamuu dhabaneef hin gufatan. Kun duraanuu waan isaaniif yaadameeru.
9 Isin ammoo sanyii fowante, hayyoota mooti'ii,
kolbaa woyyittii, kolbaa Waaqaa teetanee, baasa hujii Waaqaa akka lalladdanuuf, inni dukkana keessaa gara ifa baasaa isin waame.
10 Tanaan qara isin kolbaa Waaqaatii moti;
amma ammoo kolbaa isaa ti; tanaan qara isin marartii Waaqaa hin dhagganne, amma ammoo marartii isaa dhaggattaneertan.

### *Tajaajiltoota Waaqaa*

11 Obboleeyyan tiyya! Biyya lafaa ta akka
ormaatii fi keessumma'aa irra leetanu tana keessatti, halchaa foonii ta lubbuu teessan aatu irraa akka fagaattanu isin magannifadha.
12 Worri Yihudoota hin te'in akka isin hantuu
godhaartanuutitti isin himatanulle, hujii dansaa teessan dhagganee guyyaa dhufa Waaqaa akka isa galateeffatanu, isaan wodhakka'atti amala dansa'aan le'a'a.
13 Gootta'aaf jedha'aatii lafa tanatti worra baal-
lii qabu maraaf: mootii moototaa ka baallii ol aantuu qabuuf,

14 yookiin bulchitoota biyyaa ka akka
yakkaameyyii adabanuu fi worra dansaa
godhanu akka galateeffatanuuf, mootii moototaa
biraa ergamaneef ajajama'a.
15 Sababille Waaqi akka isin waan dansaa hu-
jaa, haasowa worra gowwoole'ee afaan qabachi-
ittanu barbaada.
16 Akka worra bilisaa, Waaqaaf garboolee
te'aatii le'aa malee, bilisummaa teessan gollata
waan hantu'uu hin godhatina'a.
17 Nama duudii ulfeessa'a; dhugeeffattoota jaal-
adha'a; Waaqa sodaadha'a; mootii ulfeessa'a.

### *Fakkeenna Rakkoo Kiristoosii*

18 Isin worri garbooleen goottota teessaniif
ulfinnaan ajajama'a; goottota dansa'aa fi qa-
jeelota calla'aaf adoo hin te'in, hamaaleyyi'iifille
ulfinnaan ajajama'a.
19 Waaqaaf jettanee, rakkoo sababa malee isin
dhaqqaddu yoo ossitane, inni isin hin eebbisa.
20 Hantuu gootaneef dikantanee yoo ossitane,
galata maan qaddan ree? Ammoo dansaa goota-
nee rakkoo fudhattanee yoo ossitane, Waaqi isin
hin eebbisa.
21 Waaqi waan kanaaf isin waame; Kiristoos
ammoo isiniif rakkatee isa faana akka horddot-
tanu fakkeenna isiniif te'e.
22 Inni ijjumaa cubbuu hin hunye; sobille afaan
isaa keessaa hin baane.
23 Inni yennaa arraffame deebisee hin arras-
sine; yennaa rakkate, Waaqa muraa qajeeltuu
murutti addii godhate malee, isaan hin sosso-
daachinne.

24 Akka nuuti cubbu'uuf duunee balchumma'aan leenu, Kiristoosinuu cubbuu teenna nafa ifiitiin fannoo irratti ba'ate; isin madaa isaatiin fayyitaneertan.
25 Isin akka hoolee karaa irraa baddee joonjaa turtane; amma ammoo gara tisse'ee fi eegaa lubbuu teessanii deebitaneertan.

# 3

## *Haadhotii Manaatii Fi Abbootii Manaa*

1 Akkasuma isin haadhotiin manaa, abbootiin manaa teessan gariin, Jecha Waaqaatitti ka hin dhugeeffanne teetulle, isin waan tokko adoo hin dubbatin amala isin mudhittanuun booji'amanee dhugeeffatan fa'a te'a, isaaniif ajajama'a.
2 Sababille isaan qulqullumma'aa fi amala dansaa keessan yennaa dhaggane tana godhan.
3 Shaggummaan teessan waan alaan mudhatuun mataa dhowatiisaan, worqii naqatiisaan, yookiin woyaa gatii guddo'oo uffatiisaan ifi seefatiisaan hin te'in.
4 Ammoo shaggummaan teessan, ka ayyaanni qajeela'aa fi sirnaamessi Waaqa duratti gatiin isaa guddaa te'e keessa jiru, ka yennaa mara hin banne, seefata keessa nafa keessanii te'uu ti.
5 Bara durii haadhotiin manaa ta woyyoonte, ta addii ifii Waaqatti godhatte, abbootii manaa ifiitiif ajajamaa ifi seefatteerti.
6 Isaan akkuma Saaraan Abrahaamiin, «Goottaa kiyya» jedhaa ajajanteef ajajamane. Isinille amma dansaa godhaa waan tokkolle yoo sodaatuu dhaddane ijoollee isi'ii ti.

7 Akkasuma isin abbootiin manaa, akka haad-
hotiin manaa teessan isin caalaa dadhaddu'uu
isi'iif beeka'aatii woliin le'a'a; ulfinna isaaniif
kenna'a; sababille isaan isin woliin badhaadha
jiru'uu ka Waaqi kennu dhaggatan. Yoo akkas
gootane wonni daadimata keessaniif gufuu te'aa
hin jiraattu.

### *Dansaa Hujiisaan Rakkoo Fudhatuu*

8 Muummee irratti, isin duudiin yaada tokkoon
wolii gala'a; woliif dhiiga'a; akka obboleeyyanii
wol jaaladha'a; arjoole'ee fi worra ifi gad qabu
te'a'a.
9 Eebbisa'a malee, hammeenna hammeennaan,
arraba arrabaan hin deebisina'a; sababille isin
waan akkasii kana godhiisaan eebba akka dhaal-
tanuuf waammantane.
10 Barreeffam Woyyichi,
«Nami jiruu barbaaduu fi
bara dansaa dhagguu fedhu,
arraba ifii hantuu dubbatiisa irraa,
hidhii ifii soba dubbatuu irraa dhooggatuu ti.
11 Inni hammeenna irraa garagalee dansaa god-
huu ti.
Nageya barbaaduu ti; hordofatuutille'e.
12 Ilti Gootta'aa gara worra balchootaa ilaalti;
gurri isaalle daadimata isaanii hin dhage'a;
worra hantuu godhutti ammoo nyaara
guura» jedha.
13 Waan dansaa godhiisaaf yoo hinaattane ka
isin irratti hantuu huju eennu?
14 Waan dansaa hujiisaan rakkoo yoo fudhat-
tanelle eebba hin dhaggattan; sossodaachisiisa
namaa hin sodaatina'a; hin raafaminaalle'e.

15 Kiristoos ammoo akka Gootta'aatitti adda
baasa'aatii ulfeessa'a. Marroo addii isin keessa
jirtuu, nama isin gaafatu maraaf deebii kenni-
isaaf yennaa maraa ka qophoottane te'a'a.
16 Ammoo deebiin teessan qajeelumma'aa fi
kabajja'aan teetuu ti. Ka Kiristoosii waan teeta-
neef, amala dansaa keessan worri hammeessee
dubbatu hantuu dubbataneen akka qaanowanu
wodanaa dansaa qabaadha'a.
17 Yoo fedha Waaqaa te'e, hantuu hujiisaan
rakkinna fudhatu'uu mannaa, waan dansaa hu-
jaa rakkinna fudhatuu woyya.
18 Kiristoos gara Waaqaa nu dhikeessiisaaf jed-
hee, adoo balchaa te'ee jiruu, nu worra balchum-
maa hin qanneef sababa cubbuu teennaatiif, yen-
naa maraaf yennaa takkatuu du'e. Inni fooniin
du'ee ayyaanaan ammoo jiraataa te'e.
19 Inni Ayyaanuma saniin dhaqee ayyaanota*
mana hidhaa keessa jiranuuf lallabe.
20 Ayyaanoti mana hidha'aa keessa jiranu sun,
bara Nohi hoboloo guddittii ijaarrate adoo Waaqi
ossataan isaan eegiisatti jiruu worra ajajama di-
dane. Worri bisaan badi'ii irraa hafe, nama sad-
deet ka hoboloo guddittii keessa seene qofa.
21 Bisaan kun fakkeenna cuuphama amma isin
fayyisuu ti; cuuphami kunille xurii nafaa dhiqati-
isa adoo hin te'in, gaaffii wodanaa qullicha dhag-
gatiisaaf gara Waaqaa dhikaattu. Innille karaa
du'aa fi ka'a Yesuus Kiristoosiitiin isin fayyisa.
22 Kiristoos amma gara ol gubba'aa dhaqee
maddii midda Waaqa Abba'aatitti tee'eera; ergan-
tooti Waaqaa, worri baallii qabuu fi hunnooti,

* **3:19** *Ayyaanota:* Lubbuu

baallii isaa jala jiran.

# 4

## *Akka Fedha Waaqaa Le'uu*

1 Eega Kiristoos nafa ifiitiin rakkate, isinille
akka nama meya woraanaa hidhatee yaada
kanaan jabaadha'a; sababille nami nafa ifiitiin
rakkatu cubbuu dhiiseera.
2 Haganaa achi bara le'ii isaa ta lafa irraa, akka
halchaa foonii adoo hin te'in akka fedhii Waaqaa
le'uu qaba.
3 Tanaan qara barri isin akkuma worri
Yihudoota hin te'in huju: baalagumma'aan,
halchaa baddu'uun, machi'iin, akka malee
nyaataa caaqu'uun, akka malee uniisaa fi
waaqonfannaa farra teete waaqota dharaa
waaqonsu'uun dabarsitane hin geya.
4 Amma lansooti teessan ta durii waan isin isaan
woliin samaamuruu dhaddaneef maadeffatanee,
isin arrassan.
5 Isaan ammoo waan godhane kanaaf, Waaqa
worra jiruu fi du'etti muriisaaf qophoweef, deebii
mataa ifii hin kennan.
6 Tanaaf Oduun Gammadaa worra du'anelle'eef
lallabante; akka kanaan akkuma nama maratti
murante nafa isaaniititti hin muranti; ayyaanaan
ammoo akka Waaqi jiraatutti jiraatan.
7 Muummeen waan maraa dhikaatteerti; tanaaf
akka daadimatiisa dandeettanu, worra ifi qa-
batuu fi dammaqe te'a'a.
8 Jaalalli cubbuu hedduu waan golluuf, waan
duudii caalaa gadhaa tokkoon wol jaaladha'a.

9 Adoo hin gungumin keessummummaa wol
fudhadha'a.
10 Akka toowataa addatamaa kennansa Waaqaa
ka adda addaa hujii irra oolchu tokkoo, tokko
tokkoon keessan kennansa adda addaa ka Waaqa
irraa fudhataneen wol tajaajila'a.
11 Nami lallabu akka Jecha Waaqaatitti lallabuu
ti; ka tajaajilu hunna Waaqi isaaf kenneen ta-
jaajiluu ti; maarre Waaqi waan duudi'iin karaa
Yesuus Kiristoosiitiin hin galateeffama. Isaaf
ulfinnii fi hunni baraa haga bara baraatitti te'u!
Ameen.

### *Yennaa Rakko'oo Ossatuu*

12 Obboleeyyan tiyya! Rakkoon jadduun ta
akka ibiddaa guddu haga isin ilaaliisaaf yoo isin
dhaqqadde, wonni teetee hin beenne akka isin
irra dhaqqaddeetitti hin baaseffatina'a.
13 Addee akkasii yennaa Kiristoos ulfinna ifiitiin
mudhatu gammadi keessan guddaa akka te'u,
rakkoo isaa worra qoodamu waan teetaneef gam-
mada'a.
14 Maqaa Kiristoosiitiif yoo arraffantane,
Ayyaanni ulfinnaa, Ayyaanni Waaqaa waan isin
irratti foorfatuuf isin worra badhaadhe.
15 Isin keessaa nami rakkoo fudhatu tokko,
nama ijjeesee yookiin hatee yookiin yakkee
yookiin waan isa hin galchine keessa galiisaan
rakkoo hin fudhatin.
16 Kiristaana waan te'eef nami rakkinna fud-
hatu yoo jiraate, marroo maqaa Kiristoosiitiif
Waaqa galateeffatuu ti malee, hin fokkifatin.
17 Guyyaan muraan jalqabantu geetteerti; mu-
raan tun worra mana Waaqaa keessa jiru irratti

jalqabanti. Eega muraan nu irratti jalqabantu teete, muummeen worra Oduu Gammadaa ta Waaqaatiif hin ajajannee maan te'itti ree?
18 Barreeffam Woyyichi,

«Nami balchaanuu eega rakko'oon fayyu teete,
nami Waaqa malee jiraatuu fi
cubbamaan attam te'uu jira ree?» jedha.

19 Maarre worri akka fedha Waaqaatitti rakkatu, ifi Abbaa dadaa addatama'atti magannee kennatee, waan dansaa ittuma hujuu ti.

# 5

*Gorsa Worra Kolbaa Waaqaa Bulchuuf Kenname*

1 Ani akkuma isaanii jaarsi wolde'a Kiristaanaa, dhugaa bayaan rakkinna Kiristoosii, akkasuma ulfinna Kiristoosii ka mudhatu'uu jiru ka qoodamu, jaarsolee wolde'a kiristaanaa ta wodhakkaa teessan jirtu gorsa.
2 Hoolee Waaqaa ta Waaqi akka tissitanuuf isinitti kenne hunnaan adoo hin te'in akka Waaqi barbaadutti, fedhii teessaniin tissa'a; bu'aa nama irraa dhaggatiisaaf joljoliisaan adoo hin te'in, halchaa tajaajiliisaaf qaddanuun te'uu ti.
3 Akkasuma hoolee saniif fakkeenna te'iisaan malee, hoolee tika keessan jala jirtu irratti goottomiisaan hin te'in.
4 Yennaa tisseen guddaan mudhatu, kallacha ulfinnaa ka ijjumaa hin banne hin fudhattan.
5 Akkasuma isin dargaggooti jaarsole'eef ajajama'a. Isin martinuu ifi gad qabiisa akka woya'aa uffadha'aatii wol tajaajila'a. Barreeffam Woyyichi, «Waaqi worra kooru hin morma; worra

gad ifi qabuuf ammoo badhaadha hin kenna» jedha.
6 Maarre Waaqi yennaa ifii murteessetti akka isin ol qabu, harka Waaqa hunnaamessaa jalatti ifi gad qaba'a.
7 Waan Waaqi isiniif yaaduuf, waan isin yaachisu duudii isa irratti gata'a.
8 Gumeeffadha'a; dammaqa'a! Diinni keessan Seexanni, akka neenqa waan liqinsu barbaadee dhangaa dhowuu, adaala keessan garmaama.
9 Obboleeyyan teessan ta biyya lafaa duudii keessa jirtu, rakkoo akkasii akka fudhatu beeka'aatii, dhugeeffanna'atti jabaadha'aatii Seexana morma'a.
10 Yennaa diqqoo rakkattaneen duuba ammoo, Waaqi abbaan badhaadha duudi'ii, ka karaa Kiris-
toosiitiin ulfinna isaa ka bara baraa akka qoodan-
tanuuf isin waame, inninuu akka duriititti isin deebisee, isin utubee, isin jabeessee hin hun-
deessa.
11 Hunni bara baraa haga bara baraa isaaf teetu! Ameen.

### *Nageya Muumme'ee*

12 Ani karaa Silwaanosii akka dhugeeffataa ad-
datama'aatitti laakkowuutiin ergaa gabaadduu tana isiniif barreesseera; ani isin gorsiisaa fi kun badhaadha Waaqaa dhugicha akka te'e dhugaa bayiisaaf jedhee barreesse. Badhaadha Waaqaa kanatti jabaadha'aa dhaabbadha'a.
13 Wolde'i kiristaanaa ka biyya Baabilonii keessa jiru, ka akkuma keessan filame nageya isinii dhaama; ilmi kiyya Maarqoosille nageya isinii dhaama.

14 Jaalala kiristaanumma'aatiin wol sunqataa nageya wol fuudha'a.

Nageenni isin worra ka Kiristoosii teetane maraaf te'u.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e